

Talaalii COVID-19 booda horbobbaa'uu maashaa onnee (myocarditis): Waanta Maatiwaanii fi Gaheeyin Dargaggoo ta'an Beekuu Qaban



Horbobbaa'uu maashaa onnee (myocarditis) maalidha?

Horbobbaa'uu maashaa onnee (myocarditis) fi (pericarditis) dhiita'a yookin madaa'uu naannoo onnee jiru ibsuuf jechoota fayidaarra oolaniidha. Mallattoolen beekamoo ta'an kanneen akka dhukkubbii laphee, hafuura baafachuu dadhabuu, miirri dhahannaa onnee saffisaan ta'e namatti dhagahamuu fa'aa dabalata. Sirni ittisa dhibee (bod's immune system) dhibee kana kanneen akka vaayirasii gaafa faccisuu horbobbaa'uu/madaa kana uumuu danda'a.

Horbobbaa'uu maashaa onnee (myocarditis) yeroo heddu kan mudatuu miti, carraan miidhaa guddaa qaqqabsiisuu isaas xiqqaadha.

Uniated States keessatti waggaatti horbobbaa'uu maashaa onnee (myocarditis)tin walqabatee keezii 200,000 gaditu mudata, miidhaa guddaan inni qaqqabsiisu 2% gadi. Uniated States keessatti horbobbaa'uu maashaa onnee (myocarditis) talaalii COVID-19tin mudatu walqabatee namni du'e hin jiru.

- Dhibee daddarbaa ta'uu fi dhiisuu isaa waanti barama hin jiru.
- Keeziwwan mudatan hedduun isaanii giddu galeessa.
- Mallattoolee isaa to'achuu irratti xiyyeeffatamee waldhaansi taasifamu xiqqaadha



Talaalii COVID-19 wajjin waanti walqabatu jiraa?

Ta'uu danda'a. Talalii booda carraan mudachuu isaa baay'ee muraasa, tarii ammo mudachuus mala. Horbobbaa'uu maashaa onnee (myocarditis) namoota talaalii hin fudhatin mudachuu danda'a.

Hambisuun hin danda'amu waan ta'eef, paanaalin nageenyaa CDC (Wiirtuu Ittisaa fi To'annaa Dhibee) Horbobbaa'uu maashaa onnee (myocarditis) fi pericarditis akkasumas talaalii mRNA COVID-19 (Moderna fi Pfizer-BioNTech dhan kan omishame) gidduu "walitti dhufeenyi" jiraachuu akka malu murteessera.

Ergan talaalii fudhadheen booda mallattoolee akkamiin ofirratti eeguu qaba?

Rakkoolen (cases) hedduminaan kan mul'atan saafeloota fi gaheeyyii dargaggoo warra dhiiraa umuriin isaanii waggaa 30 gadii irratti. Mallattoolen hedduminaan kan mul'atan talaalii marsaa lammataa (second dose) booda.

Namoonni dhiyeenya talaalii fudhatan, keessumatti erga talaalii fudhatanii torban jalqabaa keessatti, mallattoolee kana keessaa kamiyyuu yoo isaan irratti mul'ate, waldhaansa fayyaa akka isaan barbaachisu CDC'n ni gorsa:



- Dhukkubbii laphee
- Hafuura baasuu dadhabuu
- Miirri onneen ariitin rukutuu, hafuura kutuu (fluttering), yookin onneen akka malee dhikkisuu namatti dhagahamuu

Kuni hundi carraan nama irratti mul'achuu fagooha Haa ta'u malee, mallattoowan kanneen keessaa kamiyyuu yoo isin irratti mul'ate, hatattamaan deeggarsa waldhaansaa barbaadaa.

Talaalii COVID-19 kamiyyuu erga fudhatanii booda, yeroo torban jalqabaa keessatti **Yaadadhaa, mallattoolee xiqqaadhaa hanga giddu galeessatti yoo nama irratti mul'ate homaa miti**, qaama gubaa, mataa bowwoo, bututuu, fi dhukkubbii maashaa/bakka qaamni itti wal qunnamu dabalatee jechuudha. Mallattooleen kunneen yeroo heddu talaalii erga fudhatanii booda guyyoota sadi gidduutti kan nama eegalu yoo ta'u, guyyoota muraasa qofa tura.

Ammas taanan talaaliin filannoo duraati

Talaalii fudhachuun carraa xiqqaa horbobbaa'uu maashaa onnee (myocarditis)tin qabamuu irra harka heddu caala. Gosa vaayirasii haaraa caalmatti hamaa ta'e dabalatee dhukkubsatanii ciisu fi du'a ittisuu irratti talaalichi baay'ee bu'a qabeessadha.



DOH 348-835 August 2021 Oromo

Dookumentii kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 tti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, kana irratti bilbila 711 (Washington Relay) yookiin Imeeyilii erga civil.rights@doh.wa.gov.